ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT جبهة تحرير اورومو

Guyyaa: 25 Onkoloolessa 2011 N0. 057/ABO/11

LABSA WALGAHII GUMII-SABAA ABO ONKOLOOLESSA 14-18, 2011

Gumiin-sabaa Adda Bilisummaa Oromoo walgahii idilee Onkoloolessa 14-18, 2011 geggeeffate irrati murtiilee qabsoo bilisummaa deemaa jiru cimsan dabarse. Walgahichi gabaasa Koree Hojii Geggeessituu dura-taa'aa ABO Dhugaasaa Bakakkoon qajeeltu dhiheessitee fi dokumentti koreen yeroof haala qabsoo Oromoo qorachuuf KHGn irroomsite dhiheessite dhaggeeffate. Dhimma adda-addaa irratti marihatee, imaammata akeekuun murtiilee qaamota ABO add-addaan hojiitti hiikamuu qaban dabarse.

1. CUUNFAA HAALA UMMATA OROMOO BITTAA WAYYAANEE JALATTI

Bittaa TPLF jalatti haalli jiru Oromoo fi kan uummata kaanii wagguma dhuftuu daran akka hammaattaa jiru Gumiin-Sabaa ABO argee jira. Gabaasni koreen yeroo Gumii-Sabaa ABOf dhiheessite kun uummatni Oromoo diina hammeenyisaa guyyuma guyyaan guddataa deemuu fi qabeenya isaa fi uummaticha of jala gochuuf guyyuma guyyaan tooftaa hamaa baafatee jiru akka isa mudatee mirkaneessa. Humnootni alaa waraana TPLF tumsuun dhokataa miti, gargaarsi baraartii fi guddinaaf kennamu illee kanumarra oola. Fakkeenyaaf burqaan iccitii, CIA dabalatee akka ibsutti TPLF bara 1999 fi 2009 gidduutti doolaara biliyoona afurii fi tuqaa torba ($4.7 billion) US irraa yommuu argatu horiin kunis dhimma waraanaaf oole. Akkasumas baajatni ittisaa mootummichaa waggaatti doolaara miliyoona 450 ($450 million) tahuu fi mootummichi Afirikaa keessatti waraan haalaan guddaa, kan nama 200,000 oli, xayyaara lolaa hedduu fi taankii 350 qabdu tahuu burqaan kun ni hima. Kun Itoophiyaa biyyoota sadan Afirikaa keessatti humna waraanaa guddaa qaban keessaa tokko ishee taasisa. Kan nama ajaa'ibu garuu, Itoophiyaan biyyoota Afirikaa 54 keessaa hiyyeessa dhumaa lammaffaa dha. Waan nama dhibu biraan waraannichi akka jirutti namuma dhaloota Tigiree ti jechuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, ajajoota olii 60 keessaa 58 (97%) Tigiree dha. Kanaaf jecha waraanni Wayyaanee ilmaan Tigireen guutame kun Oromiyaa fi kanneen bulchiinsa Federaalaa jedhaman hunda cafaqee irra taa'a. Akka amma guutummaa Oromiyaatti argamuu fi filannoo Paarlaamaa 2005 irratti muldhatetti uummatni hirriira nagaa bahe magaalaa guddittii keessatti ajjeefamuu fi madaa'uutu isa mudate.

Akka dhugaa koreen yeroo kun lafa kaa'etti Wayyaaneen humna alaa fi gargaarsa addunyaatti fayyadamtee, diina hamaa takkaa Oromoon argee hin beekne taatee jirti. Miidhamni uummata Oromoo sadarkaa hin dubatamne irra gaheera: nammni rasaasaan tumamee bakkayyuutti bineensa caakkaaf darbame argamuun qaama namaaf tahee jira. Reeffi kun kan namoota seeramalee ajjeefamanii fi bikka buuteen isaanii dhabame jedhanii dhaabbileen waldaa namoomaa galmeessanii ti. Hidhamtootni Itoophiyaa keessa jiran ´´afaanuma Oromoo dubbatu´´. Oromoota baqachuuf carraa argatanillee faana bu'anii daangaa irrattii fi mooraa baqataa biyya ambaa keessatti ajjeesu; kana baraaramuuf jecha doonii hin taane koree irbaata qurxummii kan tahe lakkoofsa hin qabu.

P.O.Box 21762, Washington DC, 20009, USA Tel: (202)-521-5653
E-mail: waajjira@oromoliberationfront.info
www.oromoliberationfront.info

Daldala lafa qonnaa alagaaf raabsuu mootummaa Wayyaanee irraa kan maddee jecha Oromoonnii qe'ee ofiirraa buqqa'anii kadhattuu magaalaa tahuu, naannoo uumaa fi burqaan jireenyaa manca'uun yakka suukanneessaa uummatni Oromoo bittaa Wayyaanee jalatti muuxeffachaa jiru dha. Gabaabaatti, mootummaan kun uummata Oromoo jiraachuuma dhorke. Kan nama raaju garuu mootummichi ummatuma ofiif ittiroorisu deebisee gooleesitoota jedhee akka ummatichii mirga isaaf hin qabsoofnee hidhaatti guuruusaa ti. Hara'n tana uummatni Oromoo cunqursaa Habashaa haaraa fi daran hamaa tahe jalatti kufee aragama.

Gabaasni koree yeroo kanaa irreen waraana Wayyaanee fi yakki isheen Oromoo irratti raawwattu uummaticha jiilchee qabsoo bilisummaa laguu irra hinumaa haala qabsoof isa onnachiisee gurmuu jabaan humna ishee injifatu uumaa akka juru mirkaneessa. Uummatni keenya bittaa cunqursaaf jilbeenfachuu yoomiyyuu caalaa didee jira. Diddaa isaa aarsaa inni Wayyaanee dura dhaabbachuuf baasutu mul'dhisa. Wallee, asxaa fi mallattoo ABO dhorkame bikka walgeettii Oromoo hundatti fayyadamuun hawwii inni walabummaaf qabu kan mul'isu qofa osoo hin taane murannoo issaa illee mirkaneessa. Kana egaa kan ABO jaarmiyaa uummataa, sagantaa isaa kaayyoo bilisummaa Oromoo taasise.

Badii mootummaan ammaa kun nameenya Oromoo fi qabeenyatti fide tilmaamuun nama rakkisa. Sab-dhiphoo(``narrow nationalist``) jedhamanii, beektotni Oromoo, hayyootni siyaasaa fi daldalaa xiqqeessamaa, ukkaamamaa, hidhamaa fi ajjeefamaa jiru. Mootummaan kun hiyyumaa fi beela tolfamaa meeshaa godhatee Oromoo hamilee buusuu yaala. Haa ta'u malee, lola bifa halleen uummata keenyarratti geggeessaa jiru kana Wayyaaneen hin mo'u. Ammaaf humna qaruuxee isaa fi fudhatama humnoota alaarraa qabuun lafa ni butata. Akka amma saba Oromoo fi uummata biraan jibbamte, garuu mirga dhala namaa dhiitaa jiru kanatti Wayyaaneen boolla ofiif qotaa jirti. Koreen yeroo kun tarii yoo Wayyaaneen kufte haalli 1991 lamuu akka hin mudanneef ABOn akka of qopheessu yaada dhiheesse.

2. IBSA BU'URA FI KAAYYOO ABO GANAMAA ILAALU

Gocha walitti ejjaa kaayyoo ABO daddaaquuf humna keessaa fi alaan adeemaa jiru irraa ka'ee gumiin-sabaa waa'ee sagantaa ABO kaasee irratti marihachuun hubachiisa armaan gadii kenne. Warra kaayyoo kana daddabsan keessa hoogganotni durattii jiraachuun gumii kana gaddisiiseera. Sabni Oromoo takkaa tole jedhee bittaa cunqursaa habashaa akka hin fudhatin, ABO fi sagantaan isaa fedhii uummataa - karaa inni ittiin kabajaa fi bilisummaa isaa deebfatu hedduu xaliilaa tahuu gumiin kun irra irra deddeebiin firaafis diinaafis ifa gochuu fedha. Kaayyoon ABO dhaabota habashaa waliin dorgomee Itoophiyaa bulchuuf hin turre, mitis. Oromiyaa walaboomsee uummata Oromoo aangessuuf ture, har'as kanuma. Akkasumas, sabboonummaan Oromoo fi dhalooti ABO ija qabsoo uummataa yeroo dheeraa ti malee kan namni muraasni batalumatti dhandhoone akka hin tahin gadjabeessuu feena. Warri torbaatamoota keessa sagantaa isaa wixinan hawwii uummata waliigalaa, xiqoo tuquuf – karaa akka fincila Oromoo Baalee fi waldaa Maccaa fi Tuulamaa dhaloota ABO dura mumullatan achi keessatti calaqqisiisan.

Asirratti waanni gumiin-sabaa ABO gadjabeessuu barbaadu, sagantaan ABO kan fedhii uummat Oromoo ibsu, kan isa 'barreesses' uummata Oromoo, malee namoota waraqaa irra kaa'an miti. Kanaaf, gumiin kun warra bu'aa ofiif jecha seenaa fi hundee sabboonummaa Oromoo daddabsan cimsee balaaleffata. Gumiin kun kaayyoon qabsichaa ganamaa labsame kan ilmaan Oromoo kumaatamni lubbuu itti dhabani, mana hidhaa wayyaanee beekamuu fi hin beekamne keessatti jiru, Oromiyaa walaba taate dhaabuuf qofa akka ture fi tahe irra deebi'ee ifa godha.

3. WAAMICHA OROMOO BIYYA AMBAAF

ABOn waggoota kurnan mii'dhaa warri kaayyoo bu'uraa dabsuuf yaaluurratti fottoqe suphee biyya keessaa fi alatti deebisee of ijaaruuf mu'dhii hidhatee hojjetaa ture. Gabaasni hojii KHGtiin gumii-sabaaf dhiihaate wareegamni deebisanii of dhaabuu gaafate hedduu tahuu hubachiisee, yeroo ammaa kana dhageettii fi miseensi ABO alaa fi biyya keessatti suuta dablaa akka deemu mirkaneessa. Gumichi milkii argametti mirqaanuun imaammata qabsichaa jabeessuu fi fuul-dura tarkaanfachiisu akeeke. Gumichi qabeenya dhaabaa irratti marihaachuun madda galii argamsiisan akeekee, murtii akeekicha hojoomsu dabarse. Carraa kanatti dhimma bahuun dhaabilee fi namoota horii gumaachan hundaan galateeffate. Qabsoo bilisummaa gargaaruunis dirqama Oromoo hundaa akka tahe gadjabeessina. Gumiin-sabaa kun Oromoon biyya ambaa jiraatu qabsoo bilisummaaf gumaachuun dirqama lammummaa akka tahe yaadachiisa, kan biyya jiru ammoo qabeenya Oromoo konyee diinaa keessaa fonqolchee waraana bilisummaasaa akka ittiin ijaaru waamicha godha.

Gumiin-sabaa kun Oromoo biyya ambaa fi kanneen biraa kan yaadachiisu,akkuma olitti tuqame mii'dhaan uummata keenyarra gahaa jiru seenaa keenya keessatti sadarkaa hin dufatamnerra gahee jira. Hojiin nu eeggatu saba keenya dandamachiisuuf haala kana jijjiiruu dha. Jijjiirraa fiduufis tahe waan mootummaa kana jalatti uummata keenya mudatu fooyyeessuuf ka gaafatamu numa malee eenyu illee miti.

4.YAAMINSA SOCHII BILISUMMAA SABA OROMOO JABEESSUUF

Kurnee tokkoo fi walakkaa dabre kana akka taane taanee kaayyoo ABO jiraachisuu qabna tarsimoo jedhu qabatnee turre. Kanatti dhaabni keenya karaa qabeenyaa fi humna namaan aarsaa guddaa godhe. Yaa tahu malee har'a aarsaa nuti baasne lafatti hin badne, hin badus, qabsoon bilisummaa akka milkoomu karaa qabsiisneerra, jennee lammiwwanii fi firoota keenyatti himuu danda'uun keenya gammachuu dha.

Yaaminsi Sadaasa 2008 gareewwan ABO fi kanneen biraaf godhame ija hin godhatin jira. Gumiin-sabaa kannen hacuucca halagaa ifirraa kaasuuf nu waliin harka walqabachuu fedhaniif ulaa keenya banaatti dhiiseera. Waamichi keenya garee walabummaa lagatee projekta Itoophiyaa demookraatessu filatee yoo gufates, walgahiin kun tokkummaan humnoota bilisummaa Oromiyaa gidduu jiraachuun jabina jedhee waan amanuuf, dhaabilee fi namoota bilisummaa Oromiyaaf qabsaa'an hundaaf yaaminsa godha. Gartuwwan ABO walitti deebisuu irratti hojjechuu ittuma fufna. Gabaasni koree yeroo qabsoon bilisummaa saba Oromoo ABOn masakamu karaa walqaxxaamuraa irra akka jiru gadjabeessa, kanaaf jecha, yoomiyyuu caalaa gara tokkuummaa fi walabummaa Oromiyaa irratti xiyyaafachuun haalaan feesisa. Nuti qabsoo bilisummaa fuuldura tarkaanfachiisuuf murteeffanneerra, kanaaf, Oromoon dhaloota Oromiyaa walaba arguu fedhu hundi akka nu deggeru gaafatna.

5. DHAAMSA OLLOOTA KEENYAAF

ABO saboota, sablammoota fi uummata cunqurfamoo akkuma keenya waanjoo gabruummaa habashaa baatan waliin waltahinsa siyaasaa gochuuf qophiidha, ni fedhas. ABOn fedhiisaa kana uummata biraatti hin fe'u, garuu walgargaarsa dinagdee fi siyaasaa walhubannoo irratti hundaa'e waliin buufachuuf qophii dha.

6. HAWAASA ADDUNYAAF

Akkuma olitti ka'e yakka Wayyaaneen Oromoo irratti raawwachaa jirtu kan jajjabeessu deggersa waraanaa, siyaasaa fi dinagdee biyya alaa irraa argamu dha. Gumiin-sabaa ABO mootummaa biyyoota dhihaa fi bahaan kan jedhu, akka isaan bu'aa ofii fi dirqama haqa dhala namaa eeguu addunyaa irratti qaban waliin madaalanii mootummaa guyyuu nama hin hidhatin gad dhaanaa oolu, keessattu biyya Oromiyaa fi Ogaadeenitti, kanaaf deggersa waraanaa kennuu akka dhaaban. Ajjeechaa sanyii mancaasuu uummata keenya irratti godhamaa jiru irratti Tokkummaan Addunyaa (UN), Tokkummaan Afirikaa (AU) fi

Tokkummaan Awroppaa (EU) callisuun nu gaddisiisa. Gargaarsi addunyaa guddina biyyaaf laatamu waraana qee'ee keenya irra qubatee uummta keenya duguugaa jiruuf ooluun hedduu nama gaddisiisa. Gumiin-Sabaa ABO dhaabbota addunyaa kan akka World Bank, IMF fi kanneen biraa gargaarsa mootummaa Meles Zenawi jalatti ajjeechaa sanyii Oromoo fi kanneen biroo gaanfa afiriikaa keessaa mancaasuuf deemaa jiru tumsuu akka dhaaban gaafata. UNHCR ammoo baqattoota Oromoo gaanfa Afiriikaa, Yemanii fi bikka biraa jiran akka dandamachiissan gaafatna.

ABOn carraa kanatti fayyadamee Tokkummaa Afiriikaa (AU), Tokkummaa Addunyaa (UN) fi hawaassa addunyaa guutummaaf irra deebi'ee kan mirkaneessu, qabsoon Oromoo bilisummaaf tahuu fi labsa addunyaa haqa dhala namaa kabachiisuuf bahe guutummaatti kan kabaju tahuu isaa ti. Qabsoon keenya uummata kamiinuu jibbuu odoo hin taane bilisummaa jaallachuu irratti kan hundaa'e dha. Qiyyaafannoon keenya manii keenya kurnee afur dura sagantaa ABO keessatti dhaabbatne gahuu dha – Oromiyaa walaba dhaabuu. Imaammatni walabummaa Eritraa 1993 fi kan Sudaan Kibbaa 2011 nuufis ni taha jennee amanna. Wanni nuti akka nuuf fudhatamu gaafatnu haqa uummatni keenya hiree isaa ofiif murteeffachuu qabu dha. Akkasumas jireenya nagaa fi kabajaa dhalli namaa hundi qabu argatee biyya ofii keessa akka jiraatu dha; kun haqa uummatni koloneeffame biyya Afiriikaa fi biraa hundi hubannoo Tokkummaa Addunyaa (UN) fi hawaasa addunyaan argatani dha.

Oromiyaan ni bilisoomti!!

Gumii Sabaa ABO